Ibsa Gabaaba

Qonna Aafirkaa haala itti fufiinsa qabuun jabeessuun jijjiiruu Bitootessa 2013 a.l.i

# Pirojeektii Afirkaa Raayiziingiitiin (Africa RISING) Hojiilee Baddaalee Itiyoophiyaatti Babal'ina Qorannoo Nyaata fi Dirree Dheedichaa Beelladaa Irratti Gaggeeffamaa Jjiran keessaa Hojiilee Bu'a Qabeessumma fi Fakkeenyummaa qaban

## Seensa/Haala Waliigalaa

Itoophiyaa keessatti hanqina dhiyeessii fi qulqullina dhabuu nyaata beelladaa jiru horsiisa beelladaaf hudhaalee gurguddoo dha. Karaa biraatiin baay'achaa deemuun uummataa fi lakkoofsa beelladaa, miidhama/badinsa qabeenya uumamaatiif sababoota gurguddoodha jehamanii ibsamu. Kanatti dabalamees, balaawwan uumamaa kan akka goginsaa/dhabamuu roobaa fi lolaa/galoo fi kan kana fakkaatan mudannaawwan bakkeewwan gara garaa biyyittii kessatti baramaa dhufanidha. Rakkinoonni armaan olitti ibsaman jiraatanis, horsiissi beelladaa, dhiyeessii nyaataa oomisha midhaanii deeggaruu, hojii uumuu fi guddina diinagdee biyyittii utubuu keessatti shoora guddaa taphachuurratti argama.

Pirojeektiin Aafrikaa Rayiziingii bara 2005 a.l.i tti Itoophiyaa keessatti hojiisaa erga eegalee jalqabee hanga ammaatti baddaawwan biyyattii gara garaa keessatti haala qophii fi oomisha nyaata beelleadaa fi Okaa irratti haala itti fufinsa qabuun qoranoowwan ooyiruu qonnaan bulaa irratti gaggeessuun rakkoowwan hanqina fi qulqullina nyaata beelladaa furuudhaaf gahee oolaanaa taphatee jira. Dabalataan, pirojeektichi qonnaan bultoonni haala kunuunsa biyyee fi bishaanii fooyyessuudhaan haala itti fufiinsa qabuun oomishaa fi oomishtummaa isaanii itti guddisuu danda'an irratti carraa hoojiilee fakkeenyummaa qaban itti arguu danda'an haala mijeessee jira. Sassaabbii oomishaa boodaa, qonnaan bultoonni aadaalee haala nyaata belladaa itti qabatanii fi fayyadaman beeksisuu, akkasumas yommuu beellada nyaachisani fi kuufatan akkaataa qisaasama itti hir'isuu danda'an gandaa/konkaa nyaata beelladaa fi akkaataa qophii bakka itti kuufatan beeksisuu keessatti pirojeektichi gahee leencaa taphatee jira. Qonnaan bultootni galteewwan nyaata beelladaaf oolanii fi naannoo isaaniitti argaman keessumaayyuu, haftee midhaanii nyaatawwan beelladaa qabiyyee gaarii qabanii fi baalawwan gara gara waliin makuudhaan fayyadamuun isaanii horsiisa beelladaa keessatti bu'a qabeessumaan isaanii akka dabalu taasisee jira.



*Suura 1. Kibba Itoophiyaatti hojiilee oomisha mosee beelladaa Pirojeektii Afrikaa Raayiziingii waliin hojjatame qonnaan bulaan yommuu agarsiisu (suura kan kaase ILRI/Appoolloo Haabtaamuu) 2013 A.L.I*

Walumaagalatti Naannolee pirojeektiin Afrikaa Raayizingiin keessa socho'aa jirutti lakkoofsi hirmaattota biqiltuuwwan nyaata beelladaaf oolan biqilchuudhaan kallattiin hirmaatanii haala olaanaan dabalee jira. Innis maatiiwwan 16,000 (kuma kudha ja'aa) ol fayyadamaa ta'anii jiru. Dabalataanis bara 2011 a.l.i tti yeroo oomishaa qofa lafti heektaarri 1809 (kuma tokkoo fi dhibba saddetiif sagal) biqiltuuwwan nyaata beelladaaf oolaniin

uwwifamee jira. Karaa biraatiin yommuu dawwannaa dirree qonnaan bultootni hedduun muuxannoo waljijjiiruun teekinoloojicharraa fayyadamaa ta'uu danda'aniiru. Haalum walfakkaatuun lafti oomisha nyaata beelladaaf oolu sadarkaa tokkoo tokkoo qonnaan bulaatti kaaree meetira 100 gara 1000 tti olguddatee jira.

## Milkaa'ina Gurgguddoo Argaman

Fooya'uun hubannoon haala oomishaa fi muxannoowwan qabannaa nyaata beeladaa fooya'oo akkasumas dabaluun fedhii Qonnaan bultootni jireenya gad'aanaa irra jiran fooyya'uun akka milkaaina guddaatti fudhachuun ni danda'ama. Fedhiin lafa isaanii oomisha marga nyaata beelladaaf oolu olguddisuuf akkasumas lakkoofsi qonnaan bultoota haaraan hamma haalli eeyyametti oomisha nyaata beelladaa irratti hirmaachuu barbaadanii dabalee jira. Haala oomisha nyaata beelladaa kanaan qonnaan bultootni lafa xiqqoo qaban irraa oomisha guddaa fi qulqullina olaanaa qabu argachuu danda'anii jiru. Fakkeenyaaf, heektaara tokko irraa mosee nyaata loonii (Kicuu/fodder beets) jiidhaa hanga toonii 112 oomishuun danda'amee jira. Karaa biraatiin, margaa (siinaaraa) fi dheedhii (gaayyoo nyaata horii) waliin makanii facaasuudhaan nyaata beelladaa oomishuun alatti qonnaan bultoonni oomishtummaa lafa isaanii fi qulqullina oomisha isaanii akka fooyyessan gargaaree jira.

Haaluma kanaan marga deeshoofi gaayyoo loonii (Vetch) waliin makanii nyaata beelladaa oomishuun muuxannoo gaggaarii ta'ee mul'ateera. Eeggumsa qabeenya uumamaa keessati, misoomna nyaata beelladaa qonna waliin walitti qindeessuudhaan ittisa dhiqama biyyeef akkasumas, jiidhinsi/bishaan akka lafatti gad seenu taasisuu keessatti fayidaalee gurguddaa qaba.Kana keessatti margi deeshoo, tirii luusarnii (tree Lucerne) fi marga faalaariis (phalaris) eegumsa biyyeef bishaanii fi misooma nyaata beelladaatiif bu'aqabeessa ta'uun isaanii mirkanaa'eera. nyaata beelladaa foyya'oo dabalataan fayyadamuudhaan horsiisa beelladaa bu'a qabeessa taasisuun ni danda'ama. Marga Siinaaraa fi gaayyoon loonii (Oat-vetch) horii aannanii nyaachisuun, oomisha aannani harka 50-70 akka dabalu barameera. Dabalataan nyaata moosee beelladaa (fodder beet) ofkeessaa qabu sa'a aannanii nyaachisuun oomisha aannanii harka 33% akka dabaluu danda'u hubatameera. Walumaa galatti fooya'insi gama teekinoloojii nyaata beelladaatiin mul'atan, fooya'insa sirna nyaataa, galii fi haala jireenya maatii akka fooyyessu ni amanama. Gama biraatiin teekinoloojiin gandaa/konkaa nyaata beelladaa, qisaasama hir'isuun alatti, dhiibbaa dubartootaa fi ijoolleen beellada nyaachisuuf ifaajan hir'isuu keessatti bu'aa ol'aanaa qaba.

| Gosa Teekinoloojii | Naannoo Tigiraay | | Naannoo Amaaraa | | Naannoo Oromiyaa | | Naannoo S/S/U Kibbaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Maatii Waliigalaa | Dubrtoota | Maatii Waliigalaa | Dubartoota | Maatii Waliigalaa | Dubartoota | Maatii Waliigalaa | Dubartoota |
| Alfalfa | 22.0 | 14.0 | 0.0 | 0.0 | 152.0 | 14.0 | 52.0 | 0.0 |
| Dasho grass (Marg dashoo) | 112.0 | 20.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 |
| Elephant Grass (Marga Arbaa) | 99.0 | 19.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 |
| Konkaa/ Gandaa Nyaataa | 31 | 37.3 | 108.0 | 10.2 | 20 | 40 | 5.0 | 2.0 |
| Mosee Beelladaa | 57.0 | 11.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 0.0 | 4.0 | 25 |
| Gaayyoo nyaata Loonii | 395.0 | 20.0 | 180.0 | 20.0 | 2678 | 45 | 30 | 10 |
| Tree Lucern/Muka nyaata horii | 112.0 | 10.0 | 9795.0 | 11.0 | 252.0 | 24.0 | 629.0 | 29.0 |
| Gayyoo nyaata loonii fi Siinaara | 112.0 | 9.0 | 0.0 | 0.0 | 1751.0 | 29.0 | 0.0 | 0.0 |
| Waliigala | 909 | 15.0 | 10,083.0 | 17.0 | 4833.0 | 23.0 | 720.0 | 27.0 |

*Gabatee 1. Lakkoofsa qonnaan bultootaa Nyaata beelladaa fooya'oo kallattiin fayyadamaa ta'an*

Naannoo Amaaraatti baay'inni qonnaan bultoota kallattiin teekinoloojii gandaa nyaata beelladaa irratti hirmaatan haala guddaa ta'een dabalee jira. Haaluma

kanaan bara 2011 a.l.i lakkoofsi hirmaattotaa/fayyadamtootaa 108 ture yeroo ammaa gara 969 tti (2013) guddatee jira. Teekinoloojichis aanolee torba naannoo Amaaraatti argaman keessatti hojiirra oolee jira. Teekinoloojii nyaataa fi gandaan nyaata beelladaas ilaalcha qonnaan bultoota biro, qaamolee mootumma fi mit-mootummaa gara garaa waan argateef nannoolee biyyattii gara garaatti babali'isuuf aanga'oota mootummaatiin fedhiin guddaan uumamee jira.

## Karoora Gara Fuulduraa

Pirojeektiin Afrikaa Raayiziingii Itoophiyaa keessatti hojiiwwan sirna nyaata beelladaa haala qindaa'aa ta'een foyyessuuf dandeessisanii fi abdii namaaf kennan galmeessuu danda'ee jira. Pirojeectichi, biqiltoota nyaata beelladaaf oolan oomishtoonni haala oomishaa fi nyaachisuu irratti dandeettii fi beekkumsa isaanii akka foyyeffatan akkasumas fedhii fi qulqullina oomisha sanyii irratti hojjachuuf karoora qaba.



*Suura 2. Aanaa Basonaa buufata Aafrikaa Raayiziingiitti qonnaan bultuun horii ishee gandaa/konkaa fooya'aan yommuu nyaachiftu (suura kan kaase ILRI/Appoolloo Haabtaamuu) 2012 A.L.I*



*Suura 3. Kibba Tigiraayitti kan argamu aanaa Indamahoniitti Aafrikaa Raayiziingiitiin ooyiruun makaa gayyoo looniifi siinaaraa yommuu daawwatamu, (suura kan kaase ILRI/Mohaammed Ebraahiim) 2012 A.L.I*

The Africa Research in Sustainable Intensification for the Next Generation (Africa RISING) program comprises three research for development projects supported by the United States Agency for International Development as part of the U.S. government's Feed the Future initiative.
Through action research and development partnerships, Africa RISING will create opportunities for smallholder farm households to move out of hunger and poverty through sustainably intensified farming systems that improve food, nutrition and income security, particularly for women and children, and conserve or enhance the natural resource base.

The three projects are led by the International Institute of Tropical Agriculture (in West Africa and East and Southern Africa) and the International Livestock Research Institute (in the Ethiopian Highlands). The International Food Policy Research Institute leads an associated project on monitoring, evaluation, and impact assessment.
Prepared by: Melkamu Bezabih (ILRI), Kindu Mekonnen(ILRI), Abera Adie(ILRI), Addisu Asfaw (ILRI) and Haimanot Seifu(ILRI)
africa-rising.net

This publication is copyrighted by the International Livestock Research Institute (ILRI). It is licensed for use under the Creative Commons Attribution 4.0 International Licence. (August 2021)